



# **“Jecha Amantaa Argachuu Barbaadu”**

Reebicha fi Ergarama Adda Addaa Buufata Poolisa

Ma’ikalaawii loophiyaa Keessaa

Copyright © 2013 Human Rights Watch  
All rights reserved.  
Printed in the United States of America

Human Rights Watch is dedicated to protecting the human rights of people around the world. We stand with victims and activists to prevent discrimination, to uphold political freedom, to protect people from inhumane conduct in wartime, and to bring offenders to justice. We investigate and expose human rights violations and hold abusers accountable. We challenge governments and those who hold power to end abusive practices and respect international human rights law. We enlist the public and the international community to support the cause of human rights for all.

Human Rights Watch is an international organization with staff in more than 40 countries, and offices in Amsterdam, Beirut, Berlin, Brussels, Chicago, Geneva, Goma, Johannesburg, London, Los Angeles, Moscow, Nairobi, New York, Paris, San Francisco, Sydney, Tokyo, Toronto, Tunis, Washington DC, and Zurich.

For more information, please visit our website: <http://www.hrw.org>

**“Jecha Amantaa Argachuu Barbaadu”**  
**Reebicha fi Ergarama Adda Addaa Buufata Poolisa**  
**Ma’ikalaawii Itoophiyaa Keessaa**

<b>Cuunfaa .....</b>	<b>1</b>
<b>Waan ta’uu qabu .....</b>	<b>8</b>
Mootummaa Itoophiyaa tiif.....	8
Paarlaamaa Itoophiyaa.....	9
Manneen Murtii Itoophiyaa tiif.....	10
Koomishinii Poolisa Federaalaa Itoophiyaa.....	10
Komishina Mirga Namaa Itoophiyaaf.....	11
Biyyoota Gargaarsa Kennaniif .....	11



## Cuunfaa

Namni tokko (abbaan aangoo poolisa) mataa gama duubarra ulee dheeraa gurraacha ta'e tokkoon na rukute, akka ijaan hin argines fuula kiyattt dasuu mare. Waajjiraa isaaniitti na geessani. Jarri kun warra jecha fuudhanidha... yaroo baay'ee deddeeb'ianii fuularra na kabala turani. Haa ta'u malee jarri jecha fuudhan kun waan ani itti dubbadhu dhagayuuf haala isaan dandeessisu keessa hin turre. Baay'een bullaaye. Duubarra kutaa hidhaa tti na geessanii nama biraa ammoo fudhatanii deemani. Guyyaa lammaffaa reebichi sun ittuma hammaate. Isaan jechuma amantaa barbaadu. Hanga halkan walakkaatti manuma san keessan ture.

—Gaazexeessaa Maa'ikalaawii keessatti walakkeessa 2003 keessa ture, Naayroobi, Elba 2004

Handhuura Finfinnee/Addis Ababa keessa, Hoteela tokko fi naannoo waldaa Kiristaana Ortodooks cinaatti, biyyattii keessatti akka malee beekamaa kan ta'e Buufatni Poolisaa, Kutaan Qorannaa Yakkaa Poolisa Federaala, maqaa maa'ikalaawii jedhamuun beekamu tokko argama. Hidhamtootni siyaasaa, mormitootni, gaazexessitootni, qindeessitootni hiriiraa fi deeggartummaa riphee loltoota ummata adda addaatiin kan shakkaman fi gartuun biroon hedduun erga qabamanii booda dursa Maa'ikalaawii (afaan Amharaatin giddu galeessa) ka jedhamu kanati geffamu. Bakka kanatti jechi irraa fuudhama, namoota hedduu irra achitti gidiraa sukkanneessaa bifa hundaa qabutu isaan argata, reebamuu fi ergarama sukkanneessa (torture) dabalatee.

Qorattootni Poolisa Maa'ikalaawii hidhamttota irraa jecha amantaa argachuuf, waan isaan dubbatan ykn odeeffannoo irraa fuudhuuf mala humnaan dirqisiisuu, reebicha fi ergarama sukkanneessaa adda addaa tti dhimma bayu. Yeroo hedduu hidhamtoonni ogeessa seeraa fi maatii isaanii wajjin wal quunamuun hin hayyamamuuf. Bishaan, nyaataa, ifa fi waantota dhala namaaf barbaachisu argachuu ykn sanuma dhabuudhaan adabamuun hidhamtootni yaroo qoratamanitti akka itti deebii kennan irratti hundaaya.

Gabaasani kun miidhaa mirga dhala namaa irra ga'u, tooftaa qorannoo seera-malee ta'e fi haala hidhaa Maa'ikalaawii keessa baroota 2003 fi 2005 gidduutti mul'achaa ture kan of

keessatti qabatudha. Gabaasaa kanaaf Huumaan Raayit Woch hidhamtoota duraan Maa'ikalaawiitti hidhamanii turan fi maatii isaanii lakkoofsaan 35 ol ta'an haasofsiisee jira. Huumaan Raayit Woch kallattiidhaan Maa'ikalaawii seenee namoota amma hidhaa keessa jiranitti dubbatee odeeffannoo irraa argachuu yoo hin dandeenyellee, qorattootni gabaasa kana hojjetan hidhamtoota dura Maa'ikalaawii turan, sarara adda addaatiin kan isaan qunnaman yoo ta'u, qobaa qobaatti dubbisiisuudhaan odeeffannoo isaan kennanis wal bira qabamee madaalameera. Gochaan gabaasa kanaan haguuggame kun gaazexessitoota, mormitoota siyaasaa beekamoo ta'an fi namoota yaada mataa ofii qabaachuudhaan bilisa ta'anii socho'an hidhuu, akkasumas, qaamota mirga namaaf falman fi pressiin walaba ta'an to'annoo akka hin goone seerota daangessan hojii irra oolchuu dabalata.

Bara 2001 asitti seerri haaraan shororkeessitummaa ittsuuf jedhamee baye mirgaa bilisummaadhaan dubbachuuf daangessuu tiif meeshaa guddaa ta'aa dhufe. Seerri kun otoo himatni mana murtiitti hin dhayaatiin hidhamtootni to'annoo keessa akka hin ture seeorta mirkaneessan akka bu'aa hin qabaatne fi falmiin mana murtiitti gaggeeffamus akka madaallii sirrii ta'e hin qabaatne godhe. Kallattii kanaan Maa'ikalawiiin bakka itti namoota siyaasaa xiyyeeffannaa guddaan itti kennamutti hidhanii tursani fi itti qoratan ta'eera. Namootni seera cabsan jedhamanii hidhaa keessa jiran keessa jiran hedduun-hidhamtoota siyaasaa siyaasaa Itoophiyaa beekamoo baay'ee kanneen ta'an dabalateeyaroo qorannoon isaanii gaggeeffamu ykn hanga mana murtiitti dhiyaachuuf qophaayutti Maa'ikalaawii kana keessatti hidhamanii turu.

Maa'ikalaawiiin kutaa hidhaa 4 qaba, kutaawwan kunniin hundumtuu maqaa masoo addaa addaa qabu, haali hidhaa isaaniis baay'ee adda addummaa qaba. Hidhamtootni duraanii Huumaan Raayit Woch dubbisee ture hedduun yaroo qorannaan gaggeeffamutti mana hidhaa tokko irraa gara kaanitti akka geeddaramuun jiraatu, haalli hidhaa fi sirni isaan itti qabaman qorattootni waan gaafataniif hamma tole jedhanii kennan irratti akka hirkatu ibsu. Haalli kutaawwan hidhaa maqaa "Callamaa Beet" (afaan amaaraatiin mana dukkanaa) fi "Xaawula Beet" (afaan amaaraatiin mana mukaa) jedhamuun beekaman akka malee hamaadha. Hidhamtootni Callamaa Beet tti hidhaman ifa gyyaa arguu, mana fincaanii argaachuuf fi bakka bal'insa balbala duraatti gadi bayuuf carraan qaban daangeffamaadha. Xaawulaa Beet tti hidhamtootni argaman carraa bal'insa balbala duraatti bayuuf qaban murtaayaa yoo ta'u manni isaa tafkiidhaan kan weeramedha. Hidhamtootni guyyaan hiikamuu isaanii dhiyaate, bakka sosocho'uun caalaatti

angawootni itti hayyaman, ogeessa seeraa fi maatiidhaanis wal arguuf carraan ol'aanaan bakka itti argamu, kutaa “Sharaatan” jedhamee beekamu, hoteela biyyoota adda addaatti damee qabuun kan moggaafametti jijjiiramuuf arra’u.

Bulchiitootni Maa’ikalaawii, keessattuu humni qorattoota poolisa hidhamtoota ni reebu, mala addaatiin miidhaa garagaraas irraan gayu. Hidhamtoonni, Huumaan Raayit Woch tti yaroo hedduu akka kabalaman, akka dhiitaman, tomotmmaahaan akka dhawaman, uleedhaan akka reebaman fi hudduu qawweetiin akka rukutaman himaniiru. Namootni muraasni ammoo akkaataa baay’ee nama dhiphisutti harki isaanii qinaaxxii manaatti ol rarra’ee akka hidhaman ykn harki isaanii mataa duubatti hidhamee sa’aa dheeraaf akka dhaabatan akka taasifaman, yeroo baay’ee ammoo achumarratti akka tumaman himu. Hidhamtooni mana hidhaa keessatti hidhaman keessatti harki isaanii yaroo dheeraaf harki hidhamee akka turu- yaroo tokkotti hanga baatii shanii oliitti namni hidhamellee akka jiru- fi itti deddeebi’anii akka isaan doorsisan himu. Namootni gariin sadarakaa reebicha ykn ergarama hamaa (torture) qixxeetiin miidhaamuutiin haala wal gituun gobaatti hidhamuuf saaxilamu.

Akkasumas, hidhamtoonni haala hamaa keessatti akka hidhaman himu, kunis, nyata gayaa fi ifa aduu gayaa akka hin argatne, haala naannoo qulqullina hin qabne keessa akka jiraatan fi wal’aansa fayyaa gayaa argachuu akka hin dandeenye himatu. Haalli kun sadarkaa qorannoo duraa irratti caalaatti hammaatee kan itti fufudha.

Malli dirqisiisuuf itti fayyadaman fi haala jireenyaa badaa ta’een deeggaramee angawoota Maa’ikalaawii tiin hojii irra kan oolu, gochaan hidhamtoota irratti dhiibbaa gochuu kun, akka isaan dubbatanitti -kan isaan dubbatan sirriis ta’us, ta’uus baatu - jecha amantaa fi odeeffannoo adda addaa kennisiisuudhaan akka isaan of yakkan waan ittiin godhaniidha. Waanti isaan dubbatan fi jechi amantaa sirna kanaan argamu kun erga hidhamtootni hiikamanii booda ittiin doorsisuudhaan deeggertoota mootummaa akka ta’an godhama ykn ammoo ragaa ta’ee mana murtiitti irratti dhiyaata.

Hidhamtootni duraa fi firoonni isaanii yoo Huumaan Raayit Woch tti himan akka jedhanitti yaroo dura hidhamtootni qabaman torban duraa muraasaaf ogeessota seeraa fi maatii isaanii waliin akka wal hin argine gochuun waanuma yaroo hundaa raawwatamu dha. Gariin isaanii ammoo baatii dheeraa mana hidhaa keessa yaroo turanitti bakka dhoksa keessatti turfamu. Yaroo jechi isaanii fuudhamu ogeessa seeraa waliin akka wal hin argine

gochuun carraan ergaramaaf saaxilamuu akka dabaluu, ragaan miidhama adda addaa fi reebichi sukanneessaa qorattootni irra geessisan akka hin galmeeffamne fi badii irra gayu hunda duubarra mana murtiitti dhyeefatanii furmaata akka hin argatne carraa isaanii cufa. Haala kanaan qorattootni poolisa Maa'ikalaawii seerota biyyoolessa fi adduunaan mirga hidhamtootaa ittiin tiksuuf tumaman, akkaataa hidhamtootni itti hidhaman kan abbooman fi jechi dirqiidhaan fuudhame ragaa ta'ee mana murtiitti akka irratti hin dhiyaatne dhorkan mara akka hojii irra hin oolle godhu.

Hidhamtooti miidhaa isaan irra ga'eef furmaata gaafachuuf karaan qaban murtaawaadha. Mannen Murtii Itoophiyaa dhimma siyaasaa yoo keessummeessan bilisa ta'anii hojjechuu isaanii hojiin isaanii hin mul'isu. Manneen Murtii waayeen ergarama fi miidhaan adda addaa caqasamee hidhamtootaan itti iyyatamus tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu irraa yoo hanqatan argamu. Hidhamtooni duraanii baay'een jarri isaan miidhe tasuma waan caalu nurraan gayu jecdhaniis sodaachuu irraa kan ka'e haala keessa turan Mana Murtii tti himachuufilllee akka sodaatan Huumaan Raiiayts Woch tti himaniiru. Kaan ammoo tasumaa Mana Murtiitti dhiyaatnee hin beeknu jedhu.

Dhaabbata mootummaa kamiinuu haala mirgi namaa manneen hidhaa Itoophiyaa keessatti argaman itti jiru, Ma'ikalaawii dabalatee, towachuuf hojiin hojjetamu murtaawaadha; qaamota bilisa ta'an kamiinuu hojiin to'annoo bifa kamiyyuu gayaan godhamee1 hin jiru. Mootummaa Itoophiyaa waliin walitti hidhannaa kan qabu Koomishiniin mirga namoomaa fi angawootni biroon mana hidhaa Maa'ikalaawii daawachuudhaan haalli hidhaa akka isaan yaddesse waltajjii ifa fi yaroo qunnamtii dhunfaatti ibsanii jiru. Haa ta'u malee, hidhamtootni duraani Huumaan Raayit Woch tti akka ibsanitti namootni Komishinichaa yommu hidhamtoota dubbisuuf deeman angawoota Maa'ikalaawii waliin kan deeman waan ta'eef to'annaan isaanii kun bu'aa qabatamaa haala isaanii fooyyessu buusaa hin turre.

Waggootii kurnan darban keessatti Huumaan Raayit Woch fi qaamotni mrga dhala namaaf dhaabatan kan biyya keessaa fi addunyaa marti gochaawwan mirga namaa sarbuu hamaa ta'e fi otoo wal irraa hin citiin itti fufaa ture gabaasaa turani, gochaan kunis deemsa seera-maleen qabanii nama hidhamuu, waan ta'uu hin malle irratti raawwachuu, haala sukanneessaa ta'een gochaawwan reebichaa, manneen hidhaa Itoophiyaa idilee fi dhoksa, keessatti raawwatamaa turan gabaasuu dabalata. Mootummaan Itoophiyaa



haalli kun jiraachuu isaa yaroo hunda dimshaashumatti haalaa kan ture yoo ta’u, yaroo biraa ammoo qorannoo amantaan irratti hin gatamne gochaa tureera.

Haa ta’u malee dhiyeenya kana mootummaan Itoophiyaa sadarkaa addunyaatti mirga namaa ilaalchisee waliigaltee mallatteesse irratti dirqama qabu keessaa haala qabannaa mirga namaa irratti gabaasa dhiyeessuu fi seerota mirgoota kana hojii irra oolchuuf gargaaran tolchuu haala jedhuun waan waraqaa irratti baase qaba. Bara 2002 keessa mootummaan Itoophiyaa gabaasaa isa duraa waa’ee reebicha (torture) ilaalchisee Gamtaa Addunyaatti Koree gabaasa dhagayu fi kan akka Reebichi (Torture) hin jiraatne mormu, ittigaafatamummaan isaa Waliigaltee Reebicha (Torture) fi Gochaawwan Gara Jabeenyaa fi haala dhala namaa salphisuun raawwatamn akka nama irra hin geenye ittisutti ittigaafatamaa qaama ta’eef dhiyeesseera.

Kana malees, motummaan wixinee karoora mirga namaa tiksuu bara 2005-2007 keessa hojii irra oola jedhame baaseera. Wixinee kana Huuman Raayit Woch akka ilaaletti, haala hidhamaan hanga himatni irratti dhiyaatutti hidhaa keessa turu fi namni murtii argatee hidhame tokko sirna itti qabamuu malu ilaalchisee fooyyee qabu of keessatti qabateera. Karoori kun yaroo qorannaattii hidhamaan ogeessa seeraa fi maatii waliin wal argaa dhorkuu, namni hidhame tokko sababa yakkameef itti himuu dhabuu, iyyata dhiyeeffachuuf karaan sirrii ta’e dhabamuu, yaaliin fayyaa fi nyaatni gayaan jiraachuu dhabuu isaanii akka rakkootti erga ibsee booda rakkoon tajaajilootni kkf waliin walitti qabatee jiru furmaatni itti barbaadamuu akka malu kaaya.

Angawootni Itoophiyaa, keessatuu, poolisni federaaalaa, ariitiidhaan sirna tarkaanfii qabatamaa tokko fudhachuu dandeessisu hojii irra oolchuudhaan haalawwan yaadessaa Mana Hihdaa Maa’ekalaawiiis ta’e kan birootti otoo wal-irraa hin citiin itti fufanii jiran kanaa dhaabuun irra jiraata. Kana mirkaneessuun, namootni shakkiidhaan qabamanii hidhaman bu’aa hojmaata deemsa seeraa tti akka fayyadaman, dursanii waan himatamaniif beekuuf mirgi qaban akka kabajamuu gochuu dabalatee, hidhamtootni gorsaa seeraa isaanii fi maatii waliin akka wal argan gochuun ergarama yaroo hidhamanitti isaan irra gayu salphisaa.

Abbootiin alangaa fi abbootiin seeraas haala namoota towannaa jala jiranii towachuu, iyyata hidhamtootni reebicha fi ergarama adda addaa ilaalchisee dhiyeessan dhiibbaa

qaama mootummaa tokkoon alatti qulqulleessuu dandayauun irra jiraata. Akkasumas, hidhamtoota waayee miidhaa isaan irra ga'ee himataniif eegumsa gochuutu isaan irra jira.

Angawootni mootummaa, to'attoota mirga namaa kan Itoophiyaas ta'e kan biyya ambaa tiif yaroo barbaadanitti, hayyama gaafachuu otoo hin barbaachisiin, Ma'ikalaawii fi manneen hidhaa biyyattii hunda seenanii ilaaluuf karaan jiru akka banaa ta'uufii gochuu qabu; to'attootni mirga namaa kun dhabbatoota mirga namaa (human right) fi mirga namoomaa tiif (humanitarian) gurmaayan, bakka bu'oota hawaasa addunyaa (diplomatic community), hojjetoota gamtaa addunyaa "UN" fi gamtaa Aafrikaa "AU", Gabaastuu Addaa Reebicha fi Gara Hammeenya Raawwachuu, Nama Salphisuu fi Gadi-qicuudhaan Miidhuu ykn Adabuu irratti hojjetu akkasumas Garee Hojii Hidhaa akka malee gaggeeffamu irratti hundaaye dabalata.

Haa ta'u malee mootummaan komiiwwan qabannaa mirga dhala namaa ilaalchisee dhiyaatan kanniin hanqina dandeettii hojjetooaa, hanqina leenjii fi hanqina horiitti hirkisee bira darbuudhaan, rakkoowwan kunniin warri siyaasaa murtii furmaata fidu kennu dhabuu isaanii fi namoota yakka raawwatan seeraatti dhiyeessuu hanqachuu isaanii akkasumas hidhamtootni miidhaa irra gayeef iyyatni dhiyeessan furmaata dhabuu isaatti akka hidhatu ni haalu.

Horiin dabalataan kennamu haala mana hidhaa fokkataa tokko tokko kan Ma'ikalaawii keessaa jiru fooyyeessuun ni mala, haa ta'u malee jijjiiramni bu'uura haala hidhamtootni itti qabaman irratti fidu angawoota mootummaa ol'aanaa irraa burquu mala. Bulchiisni Itoophiyaa, Mummicha Ministeeraa irraa eegalee hanga komishinara poolisa Federaalaa fi Ministeera Haajaa Federaalaa hundi isaanii dhaamsa ifaa dabarsuudhaan haala dandayauun hidhamtoota miidhuun akka yakka ta'e dubbachuu fi gochaa akkanaaf motummaan obsa akka hin qabne ibsuu; murtii isaa kanas namoota badii akkanaa raawwatan naamusaa fi seeratti akka gaafataman gochuudhaan dhugoomsuutu irra jiraata. Kana keessatti waanti murteessaan tokko Manni Murtii bilisa ta'e, namoota towannoo jala jiran irraa iyyata fuudhee murtii haqaa kenuuf dandayau jiraachuu isaati. Akkasumas, himatnaa siyaasatti hirkatee dhiyaaachaa jiru dhaabuun akka dandayamu, paarlaamaan labsii Dhaabbatoota Gargaarsaa fi Miti Mootummaa akkasumas Labsii Shororkeessitoota Ittisuuuf jedhamee bayee hojii irra jiru fooyyessuun barbaachisaa ta'a.

Yoo tarkaanfii akkanaa fudhate qofa, mootummaan Itoophiyaa sarbamuu mirga namaa haala badaa badaa ta'een guyya-guyyatti raawwatamaa jiru kana dhaabuuf fedhii akka qabu argisiisuu dandaya.

# Waan ta'uu qabu

## Mootummaa Itoophiyaa tiif

- Gara poolisa federaala fi qaamota seera birootti qajeelfama dabarsuudhaan hojjetootni Maa'ikalaawii hidhaa seeraan alaa akka dhaaban, hidhamtoota reebuu fi akka maleetti qabu akka dhaaban gochuu.
- Ariitiidhaan akkasumas haala iftoomaa fi sirna madaalawaa ta'een himannaan dhiibbaa mirga hidhamtoota ilaalchisee jiru akka qoratamuu, kanneen balleessaa qabaachuun irra gayame, aangoon isaanii xinnaa guddaa otoo hin jedhiin, akka adbaman ykn seeatti dhiyaatan gochuu.
- Hidhamtootni akka qabamaniin ogeessa seeraa waliin akka wal argan, yaroo jecha kennan gorsaan seeraa isaanii akka bira jiraatu, maatii ofii waliin wal arguun fi wal'aansa fayyaa argachuun dafee akka hayyamamuuf gochuu dabalatee Manni Hidhaa Ma'ikalaawii fi kaan haalli isaanii qabatamaadhaan akka fooyya'u gochuu.
- Odeessi ykn jechi amantaa reebichaan ykn dhiibbaa adda addaatiin argame mana murtiitti ragaa ta'ee akka hin dhiyaatne dhorkuu. Abbaan alangaa fi manni murtii iyyatoota dhiibbaa mirgaa hidhamtoota ilaalchisee goaggeessan keessa angawootni mootummaa kan biroon harka galfatanii akka dhiibbaa irraatti hin goone tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu.
- Namoota seera malee qabamanii hidhaman, keessattuu nagaadhaan mirga bu'uuraa qabanitti fayyadamuudhaan ifatti dubbachuu, walgayii gaggeessuu fi ijaaramuuf sochoan jedhamanii himataman hatattamaan himantni irraa ka'ee akka hiikaman,
- Kutaalee Ma'ikalaawii keessaa kanneen sadarkaa Gamtaan Addunyaa "UN" baase hin guutne fi tajaajila irra jiran hundumaa hatattamaan akka cufaman gochuu.
- Mana Hidhaa Ma'ikalaawii fi kanneen biro keessatti gochaa namoota dhoksaatti hidhuu fi qobaatti hidhuu xumura itti gochuu/dhaabuu.
- Dhaaboota bilisa ta'an fi, Ma'ikalaawii fi manneen hidhaa biroo seenanii ilaaun irra jiraatu, dhabboota kabajama mirga namaa fi mirga nmoomaa towataniif karaa danqaa hin qabne banuudhaan akka seenanii hidhamtoota dhuunfaatti dubbisuu dandayan hayyamu.

- Gamtaa Addunyaa fi Afrikaa keessatti qaamota mirga namaa irratti hojjetan, Gabaastuu Addaa Reebicha fi Gara Hammeenya Raawwachu, Nama Salphisuu fi Gadi-qicuudhaan Miidhuu ykn Adabuu irratti hojjetu, akkasumas Gareen Hojii Hidhaa akka malee gaggeeffamu irratti hundaaye akka Itoophiyaa dhufanii do'atan karaa yaroo hundaa banaa ta'e mijeessuun irra jiraata.
- Akka Karoora mirga namaaf jecha qophaayee sanitti, manneen hidhaa Ma'ikalaawiikanneen biro keessatti sirni iyyatnaan itti dhiyaatu diriirfamuu qaba.
- Poolisan federaala, abbaan alangaa fi qaamotni isaan fakkaatan kan biroon, sadarkaa addunyaatti jiran hordofanii deemuu kan isaan dandeessisu, sirna jechi ittiin fuudhamu irratti leenjii argachuun isaanii mirkanaawuu qaba.
- Labsii Dhaabbatoota Gargaarsaa fi Miti-Mootummaa akkasumas Labsii Shororkeessitummaa Ittisuu maqaa jedhuun bayan Heera Itoophiyaa waliin akka wal siman, akkasumas dirqama biyyattiin seera addunyaa jalatti qabdu keessaa bilisa ta'anii yaada ofii ibsachuu, walitti qabamuu fi gurmaayuu ilaalchisee seerota tumaman waliin akka wal simatan godhamuu qaba.

## Paarlaamaa Itoophiyaa

- Labsii Dhaabbatoota Gargaarsaa fi Miti-Mootummaa akkasumas labsii Shororkessitumma ittiisuu jedhamee baye Heera Itoophiyaa waliin akka wal simu, akkasumas dirqama biyyattiin seera addunyaa jalatti qabdu keessaa bilisa ta'anii yaada ofii ibsachuu, walitti qabamuu fi gurmaayuu ilaalchisee tumamee jiru waliin akka wal simatu godhamuu qaba.
- Deemsa Seera Adaba Yakkaa keessaa Itoophiyaan sadarkaa addunyaatti dirqama qabdu fooyyessuudhaan, hidhamtootni salphaatti abbaa seeraa arguu akka dandayan, himatnnaan dura hidhaa keessa akka hin turre, reebichaan ykn hidhamtoota akka maleetti qabuudhaan seera malee odeeffanoon ykn jechi amantaa argame sadarkaa itti fudhatama argatu irratti sirni/ safartuun tolfamuu qaba.
- Protookoola Dabalataa kan Reebicha fi Miidhaa Adda Addaa Gara-jabeenyaan Raawwatamu, Qabinsa fi Adbbii Faallaa Dhala Namaa ta'e ykn Nama Salphisu Hambisuuf baye irratti hundaayee, koreen xinnaa Reebicha Ittisuu hundaayee jiru Itoophiyaa do'achuuf akka hayyamamu, akkasumas, bu'uura Protookooliin Dabalataa kan Waliigalatee Mirga Sibilii fi Siyaasaa tti, koree bilisa kan waajjira

Gamtaa Addunyaa tti iyyata dhiyeeffachuun akka hayyamamu, Itoophiyaan walligalteewwan kana mallatteessuu qabdi

## Manneen Murtii Itoophiyaa tiif

- Iyyatni hidhamtootni yaroo hidhamanitti miidhaa irra gayu ilaalchisee dhiyeessan hatattama fi dhiibbaa poolisa haala bilisa ta'een qoratamuu isaa mirkaneessuu. Qaamotni mootummaa ajaja Manni Muriu ergarama hidhamtootaa ilaalchisee kennu dura dhaabbatan akka adabaman gochu.
- Hidhamtoonni miidhaa irra gaye sababa iyyataniif poolisiin xiiqiidhaan miidhaa biraa akka irraan hin geenye tarkaanfii fudhachuu.
- Odeefannoo fi jechi amantaa hidhamtoota reebuu fi miidhaa adda addaatiin irraa fuudhame ragaa ta'ee mana murtiitti kan hin dhiyaanne ta'uu isaa mirkaneessuu. Ragaan dirqisiisuudhaan argameera jechuun yoo iyyatni dhiyaatu, haala ragaan sun itti fuudhame madaaluuf akka dandeessisutti, angawootni haala ragaan sun itti funaaname ibsuu qabu.
- Himannaan otoo hin dhiyaatiin dura nama mana hidhaa keessa tursuun haalli addaa yoo jiraate qofa seerota adduynaa dhimma akkanaa ilaallatan haala wal simatuun yaroo gabaabaaf qofa akka ta'u fi yaroo kanatti abbootiin alangaa haalli addaa kun jiraachuu isaaf waan qabatamaa akka dhiyeessan gaafachuu.

## Koomishinii Poolisa Federaalaa Itoophiyaa

- Hidhamtoota yaroodhaan himannaan otoo irratti hin dhiyaatiin Ma'ikelaawii fi manneen hidhaa biroo keessati argaman hatattamaan gadhiisuu qabdu. Shakkamtootni himatni irratti dhiyaate dhimmi isaanii dhaddacha ifaa fi sirna haqa qabeessa hordofee ilaalamuu isaa mirkaneessuu qabdu.
- Murtiin mana murtiin duratti hidhaa keessa nam-tursiisuun haalli addaa yoo jiraate kan raawwatamu fi deemsi isaa madaallii addunyaa wajjin kan wal simatu ta'uun isaa mirkaaayuu qaba.
- Akkaataa qorattootni poolisa federaalaa itti hojjetan fi waajjiraalee Ma'ikalaawi irratti to'annaa godhamu cimsanii raawwachuu. Yeroo yaroodhaan hidhamtoota waliin wal arguu, qobaatti icciitiidhaan haala itti qabaman gaafachuu fi haala

gidduugaleessummaa qabuun waayee ergaramuu fi reebamuu irratti komii jiraachuu isaa qorachuu.

- Hidhaa dhoksa fi yaroo dheeraaf qobaatii nama hidhuun mooraa Ma'ikalaawiis ta'e mannen hidhaa biraa keessati akka dhaabatuuf tarkaanfii fudhachuu.
- Lakkoofsi iyyatnaa hidhamtootni, Ma'ikalaawiis ta'e manneen hidhaa biroo jiran ergaramni adda addaa nurra gaye jechuun dhiyessan meeqa akka ta'e maxxansuu, poolisootni meeqa sababa kanaan akka hojii irraa ugguraman, meeqa yakkaan akka adbaman ykn seera cabsuudhaan tarkaanfiin naamusaa meeqa isaanii irratti akka fudhatame ibsuu dabalatee sab-qunnamtiidhaan ummatatti beeksisuu.

### **Komishina Mirga Namaa Itoophiyaaf**

- Yaroo yarootti, otoo dursanii itti hin himiin mooraa Ma'ikalaawii fi manneen hidhaa kaan do'achuu, qoba qobaatti icciitiidhaan hidhamtoota dubbisuu, akkasumas iyyatoota miidhaa hidhamtoota waliin wal qabatan sirnaan hordofuu,
- Haala sirna qabeessa ta'een hidhamtootni Ma'ikalaawiitti iyyata miidhaa isaan irra gayu ilaalchisee dhiyeessan sina itti dhagayama jiru to'achuu, angawootni dhimmi isaa ilaalu iyyatoota kana irratti tti furmaata kennuu isaanii, akkasumas duubarra haaloo qabachuudhaan Ma'ikalaawiittis ta'e bakka biraatti miidhaa hidhamtoota iyyaa dhiyeeffatan irra gayuu dandayu dabalatee, hordoffii gochuu.

### **Biyoota Gargaarsa Kennaniif**

- Ifattis ta'e dhuunfaatti angawoota mootummaa Itoophiyaa sadarakaa hundatti argamaniif reebicha, miidhaa adda addaa fi sarbamu mirga dhala namaa hidamtoota Ma'ikalaawii fi manneen hidhaa biroo Itoophiyaa keessatti irra gayu ilaalchisee waanti yaadessaa ta'e hunda itti kaasuu. Immaammata ergarama hidhamtootaatti xumura/iggitee tolchuuf ta'u fi namoota badii raawwatan adbasiisuu dandayu akka baasanii hojii irra oolchan, Komishnara Poolisa fi Ministeera Haajaa Federaalaa irratti dhiibbaa gochuu.
- Sirna ummatni deeggaruu fi keessatti hirmaatu umammee, komiiwwan dhiibbaa mirgaa manneen hidhaa keessatti hidhamtootaan dhiyaatan haala ifaa fi bilisa ta'een akka qulqullaayan taasisuu.

- Gamtaa Adunyaa, “UN” fi Gamtaa Afrikaa, “AU” tti qaamota kabjamuun mirga dhala namaa isaan ilaallatu, Gabaastuu Addaa Reebicha fi Gara Hammeenya Raawwachuu, Nama Salphisuu fi Gadi-qicuudhaan Miidhuu ykn Adabuu irratti hojjetu dabalatee akka Itoophiyaa do’atan angawootni Itoophiyaan akka afeeran dhiibbaa irratti gochuu.
- Deemsa falmii himatamtootaa kanneen Labsii Shororkeessitummaa Ittisuu jalatti himataman to’achuu fi angawootni mootummaa falmiin isaanii ifatti akka gaggeeffamu akka taasisan gaafachuu.
- Labsiin Dhaabbatoota Gargaarsaa fi Miti-Mootummaa, fi Labsiin Shororkeessitummaa Ittisuu akka fooyya’u gaafachuu.